WAAJJIRA AFYAA'IIFI CAFFEE
OROMIYAATIIN KAN QOPHAA'E


| | |
|---|---|
| Waggaa 9ffaa ..................... Lak. 12<br>፱ኛ ዓመት ..................... ቁጥር ፲፪<br>9th year ..................... No. 12 | Adaamaa, Bitooteessa 25/1994<br>አዳማ፣ መጋቢት ፳፭ ቀን ፲፱፻፺፬ ዓ·ም<br>Adama, April 3, 2002 |

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለተ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ..................... 6·54<br>ያንዱ ዋጋ ..................... ''<br>Unit Price ..................... '' | Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ | Lakk. S. Poostaa ..................... 101769<br>የፖ·ሣ·ቁጥር ..................... ''<br>P.O.Box ..................... '' |


QABEENTAA


Labsii Lak.55/1994
Labsii Akkaataa Gurmaawinaa, Hojii fi Sirna Walgahii Caffee Oromiyaa Murteessuuf-Bahe ..................... fulla 1


ማውጫ


አዋጅ ቁጥር ፶፭/፲፱፻፺፬
የጨፌ ኦሮሚያን አያ.ረጃጀት፣ አሠራርና የስብሰባ ሥነ ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ ..................... ገጽ ፩


CONTENT


Proclamation No. 55/2003
Definition of the Structure, Duties and Meeting Procedure of 'Caffee' Oromia Proclamation ......... Page 1


*Labsii Lak. 55/1994*

## *LABSII AKKAATAA GURMAAWINAA, HOJII FI SIRNA WALGAHII CAFFEE OROMIYAA MURTEESSUUF BAHE*

Caffeen Oromiyaa abbaa taayitaa ol-aanaa Mootummaa naannichaa fi dhimmoota aangoo mootummaa naannichaa ta'an irratti qaama seera baasu waan ta'eef;

Caffichis itti gaafatama kana bahuu kan danda'u gurmaawina cimaa qabaatee akkaataan hojii fi sirni walgahiin isaa ittiin gaggeeffamus dimokraasummaa fi naamusummaa yoo qabaate waan ta'eef;

AkkaataaHeerichaa Keewwata 52 (3) tiin Caffichi Labsii kana baasee jira.

### *KUTAA TOKKO*
### *WALIIGALA*

1. *Mata duree gapaabaa*
   Labsiin kun ''Labsii Murteessaa Akkaataa Gurmaawinaa, Hojii fi Sirna Walgahii Caffee Oromiyaa Lak. 55/1994'' jedhamee yaamamuu ni danda'a.
2. *Hiikaa*
   Akkaataan sensa jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:
   1) ''Heeraa'' jechuun Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

አዋጅ ቁጥር ፶፭/፲፱፻፺፬

## የጨፌ ኦሮሚያን አደረጃጀት ፣ አሠራርና የስብሰባ ሥነ ሥርዓት ለመወሰን የወጣ አዋጅ

ጨፌ ኦሮሚያ የክልሉ መንግሥት ከፍተኛ የሥልጣን አካልና የክልሉ መንግሥት ሥልጣን በሆኑ ጉዳዮች ላይ ሕግ አውጪ አካል በመሆኑ ፣

ጨፌውም ይህን ኃላፊነት በአግባቡ መወጣት የሚችለው ጠንካራ አደረጃጀት ሲኖረውና አሠራሩም ሆነ ስብሰባው ዲሞክራሲያዊና ሥነ–ምግባራዊ በሆነ ሥርዓት ሲመራ በመሆኑ፣

በሕገ መንግሥቱ አንቀጽ ፶፪(፫) መሠረት ጨፌው የሚከተለውን አውጇል።

### ክፍል አንድ
### ጠቅላላ

፩· አጭር ርዕስ
   ይህ አዋጅ "የጨፌ ኦሮሚያ አደረጃጀት ፣ አሠራርና የስብሰባ ሥነ–ሥርዓት መወሰኛ አዋጅ ቁጥር ፶፭/፲፱፻፺፬ ዓ·ም·" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።
፪· ትርጉም
   የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡–
   ፩· "ሕገ–መንግሥት" ማለት የተሻሻለው የኦሮሚያ ክልል ሕገ–መንግሥት ነው።

PROCLAMATION NO. 55/2002

## A PROCLAMATION TO DEFINE THE STURCTURE, DUTIES AND MEETING PROCEDURE OF 'CAFFEE' OROMIA

WHEREAS 'Caffee' Oromia is the highest state authority entrusted with the legislative power on matters falling under the Regional State Jurisdiction;

WHEREAS the 'Caffee' can be successful in discharging this responsibility where its organizational structure is firm and manner of discharging its duty and meeting procedure are democratic and disciplinary;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 5(3) of the Constitution, it is here by proclaimed as follow:

### PART ONE
### *GENERAL PROVISIONS*

1. *Short Title*
   This Proclamation may be cited as the ''Definition of the Structure, Duties and Meeting Procedure of 'Caffee' Oromia Proclamation No. 55/2002.''
2. *Definitions*
   In this Proclamation, unless the context otherwise requires:
   1) ''Constitution'' means the Oromia Regional State Revised Constitutions;

2) ''Caffee'' jechuun Keewwata 46 (1) Heerichaatiin kan dhaabbate Qaama Seera Baastuu Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
3) ''Miseensa'' jechuun akkaataa Keewwata 48 (1) Heerichaatiin miseensummaa Caffeetiif filatamuun isaa qaama dhimmi ilaaluun nama mirkanaayefii dha.
4) ''Bara Hojii'' jechuun hanga filannoo itti aanutti dheerina yeroo Caffeen hojiirra itti turuudha.
5) ''Walgahii'' jechuun akkuma haala dhimmichaatiin namoota yaamicha dabarsuuf aangoo qabaniin kan yaamamu walgahii Caffee yookiin koreeti.
6) ''Koree Qindeessituu' jechuun hojiin Caffeen karoorfame saffinaan raawwatamuufi galma gahuu isaa hordofuuf akkaataa Labsii kana Keewwata 8n qaama hundeeffameedha.
7) ''Hubachiisaa' jechuun Caffeen yookiin koreen Caffee dhimma dhiyaateef tokko murteessuun yookiin yaada murtee itti kennuun duratti ragaa yookiin hubannoo gahaa argachuuf namoota yookiin dhaabbattoota affeeruu dha.
8) ''Sirreeffama teekniikaa'' jechuun seerri tokko maxxanfamee otoo hin bahiniin dura dogongora qooqaa, tartiibaa fi kkf. sirreessuu yoo ta'u haaluma kamiiniyyuu sirreessa qabiyyee seeraa hin geeddarree dha.

3. *Aangoo fi Hojii Muummeeyyii Caffichaa*

Heera Mootummaa Keewwata 49n aangoo fi hojii tarreeffamaan kennaneef hojiirra oolchuudhaaf Caffichi kanneen armaan gadii ni raawwata:

(a) Seera ni tuma;
(b) Karooraa fi raawwii hojii Waajjira Pirezidaantii, Mana Marii Bulchiinsa, qaamoota raawwachiistuu biroo fi qaama abbaa seerummaa Mootummaa Naannichaa ni hordofa, ni qorata, qajeelfama barbaachisaas ni kenna;

፪· "ጨፌ" ማለት በሕገ–መንግሥቱ አንቀጽ ፵፮(፩) መሠረት የተቋቋመ የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሕግ አውጪ አካል ነው።
፫· "አባል" ማለት በሕገ–መንግሥቱ አንቀጽ ፵፰(፩) መሠረት ለጨፌ አባልነት መመረጡ አግባብነት ባለው አካል የተረጋገጠ ሰው ነው።
፬· "የሥራ ዘመን" ማለት እስከሚ ቀጥለው ምርጫ ድረስ ጨፌው ሥራ ላይ የሚቆይበት የጊዜ ርዝመት ነው።
፭· "ስብሰባ" ማለት እንደነገሩ ሁኔታ ጥሪውን ለማስተላለፍ ሥልጣኑ ባላቸው አካላት የሚጠራ የጨፌ ወይም የኮሚቴው ስብሰባ ነው።
፮· "የወል ወይም አስተባባሪ ኮሚቴ" ማለት በጨፌ የታቀዱ ሥራዎች በአፋጣኝ መተግበራቸውንና መሳካታቸውን ለመከ ታተል በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፰ መሠረት የተቋቋመ አካል ነው።
፯· "አስረጅ" ማለት ጨፌው ወይም ኮሚቴው አንድ የቀረበ ለትን ጉዳይ ከመወሰኑ ወይም የውሳኔ ሃሳብ ከማቅረቡ በፊት ስለጉዳዩ በቂ ማስረጃ ወይም ግንዛቤ ለማግኘት የሚጋብዝ ሰው ወይም አካል ነው።
፰· "የቴክኒክ እርምት" ማለት አንድ ሕግ ታትሞ ከመውጣቱ በፊት የቅደም ተከተል ፣ የቋንቋ፣ …ወዘተ ስህተት ማረም ሲሆን በማንኛውም ሁኔታ የሕጉን ይዘት የማይለውጥ ማስተካከያ ነው።

፫· ጨፌው ዐበይት ሥልጣንና ተግባሮች

በሕገ–መንግሥቱ አንቀጽ ፵፱ በዝርዝር የተጠቀሱትን ሥልጣንና ተግባሮች በሥራ ላይ ለማዋል ጨፌው የሚከተሉትን ያከና ውናል፡–

ሀ) ሕግ ያወጣል፣
ለ) የክልሉን መንግሥት የፕሬዝ ዳንት ጽ/ቤት፣ የመስተዳድሩን ምክር ቤት፣ የሌሎች አስፈጻሚ አካላትንና የዳኝነት አካሉን የሥራ ዕቅድና አፈጻጸም ይከታ ተላል ፣ ይቆጣጠራል ፣ አስፈላ ጊውን መመሪያም ይሰጣል፣

2) ''Caffee'' means the Legislative Organ of the Oromia Regional State, established pursuant to Article 46(1) of the Constitutions.
3) ''Deputy'' means a person for whom election is approved by an appropriate organ to be a member of the 'Caffee' pusuant to Article 48(1) of the Constitution.
4) ''Tenure'' means the durarion of time for which the 'Caffe' is at its position until election for the new 'Caffee' is conducted.
5) ''Meeting'' means the 'Caffee' or Committee meeting, as the case may be, called by the appropriate organ.
6) ''Coordination Committee'' means a body established pursuant to Article 8 of this Proclamation to follow up the proper implementation of the 'Caffees' plans.
7) ''Elaborator'' means a person invited by the 'Caffee' or the Committee for further explanation of the matter presented to them, before deciding or submitting proposal upon it.
8) ''Technical Correction'' means rectification of errors of language, order or otherwise, before its publication, which in no way modifies the substance of a given law.

3. *Principal Powers and Functions of the 'Caffee'*

To implement the detail powers and functions assigned to it pursuant to Article 49 of the Constitution, the 'Caffee' shall:

(a) enact lwas;
(b) follow up and examine the plan and implementation of the activities of Office of the President, Administrative Council, other executive organs and the Judiciary of the Regional State; and give the necessary directives;

(c) Akkaataa Heera Mootummaa irratti ibsameen hooggantoota qaamota mootummaa adda addaa ni muuda yookiin muudamasaanii ni raggaasa;

(d) Hojii isaa haalaan raawwachuu kan isa dandeessisan koree dhaabbii fi yeroo ni moggaasa; gabaasa isaaniis ni dhaggeeffata;

(e) Manneen Marii Aanaa fi Gandaa bu'uura Heerichaa Keewwata 76 fi 91n hundeeffamaniif deeggarsa teekniikaa ni kenna;

(f) Fedhii fi faayidaa waliigalaa uummata bakka bu'ee kabachiisuuf dirqama isarraa eegamu ni baha.

## *KUTAA LAMA*
## *AKKAATAA GURMAAWINAA FI HOJII*

4. *Gurmaawina*

Caffeen aango fi hojii waliigalaa Labsii kana Keewwata 3 jalatti tumame hojiirra oolchuudhaaf gurmaawina armaan gadii ni qabaata;

(a) Af-yaa'ii;
(b) Itti Aanaa Af-yaa'ii;
(c) Koree Qindeessituu;
(d) Koree Dhaabbataa;
(e) Koree Yeroo fi
(f) Ogeeyyotaa fi hojjattoota biroo.

5. *Akkaataa Moggaafama Af-yaa'ii fi Itti Aanaa Af-yaa'ii*

1) Bu'uura Heera mootummaa Keewwata 49 Keewwata xiqqaa (3) (d) tiin Caffeen Af-yaa'ii fi Itti Aanaa Af-yaa'ii ni qabaata.

2) Af-yaa'ichaa fi Itti Aanaa Af-yaa'iin kan filatamanu bu'uura Heerichaa Keewwata 50 Keewwata xiqqaa 2 tiin ta'a.

6. *Aangoo Fi Hojii Af-yaa'ichaa*

1) Walgahii idilee fi ariifachiisaa Caffee ni yaama, ni gaggeessa.

2) Qaamota dhimmi ilaalu wajjin walta'uudhaan ajandaa walgahichaa ni qopheessa; dursanii miseensonni Caffichaas akka beekan ni taasisa.

3) Wixinee seera qaamota adda addaarraa dhiyaatan fuudhee koree dhimmi ilaaluuf ni qajeelcha.



ሐ) በሕገ–መንግሥቱ መሠረት የተለያዩ የመንግሥት አካላት ኃላፊዎችን ይሾማል፣ ሹመታቸውን ያፀድቃል፣

መ) ሥልጣንና ተግባሩን በአግባቡ መወጣት የሚያስችሉትን ቋሚና ጊዜያዊ ኮሚቴዎች ይሰይማል፣ ሪፖርታቸውንም ያዳምጣል፣

ሠ) በሕገ–መንግሥቱ አንቀጽ ፸፮ እና ፺፩ መሠረት ለተቋቋሙት የወረዳና የቀበሌ ምክር ቤቶች የቴክኒክ ድጋፍ ይሰጣል፣

ረ) የወከለውን ሕዝብ ጠቅላላ ፍላጎትና ጥቅም ለማስጠበቅ የሚጠበቅበትን ሌሎች ግዴታዎችንም ይወጣል።

## ክፍል ሁለት
## ስለ አደረጃጀትና አሰራር

፬· አደረጃጀት

ጨፌው በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፫ የተመለከቱትን ዐበይት ሥልጣንና ተግባሮች ሥራ ላይ ለማዋል የሚከተሉት አደረጃጀቶች ይኖሩታል፦

ሀ) አፈ ጉባኤ፣
ለ) ምክትል አፈ ጉባኤ
ሐ) አስተባባሪ ኮሚቴ፣
መ) ቋሚ ኮሚቴ፣
ሠ) ጊዜያዊ ኮሚቴና
ረ) ባለሙያዎችና ሌሎች ሠራተኞች

፭· የአፈ–ጉባኤውና ምክትል አፈ–ጉባኤው አሰያየም

፩· ጨፌው በሕገ–መንግሥቱ አንቀጽ ፵፱ መሠረት አፈ–ጉባኤና ምክትል አፈ–ጉባኤ ይኖሩታል።

፪· አፈ–ጉባኤና ምክትል አፈ–ጉባኤው የሚመረጡት በሕገ–መንግሥቱ አንቀጽ ፶(፪) መሠረት ይሆናል።

፮· የአፈ–ጉባኤው ሥልጣንና ተግባር

፩· የጨፌውን መደበኛና አስቸኳይ ስብሰባዎች ይጠራል፣ ይመራል።

፪· ከሚመለከታቸው አካላት ጋር በመተባበር የስብሰባውን አጀንዳ ያዘጋጃል ፣ የጨፌው አባላትም አስቀድመው እንዲያውቁት ያደርጋል።

፫· ከተለያዩ አካላት የሚቀርቡ የሕግ ረቂቆችን ተቀብሎ ለሚመለከተው ኮሚቴ ይመራል ።



(c) appoint or approve the appointment of heads of various organs as stipulated in the Constitution;

(d) establish its Standing and Ad hoc Committees as it deems necessary to accomplish its work;

(e) give technical assistance to the District and Kebele Councils established pursuant to Article 76 and 91 of the Constitution, respectively;

(f) discharge other duties as it deems necessary to maintain the general will and interest of its electorate;

## PART TWO
## *ORGANIZATIONAL STRUCTURE AND FUNCTIONS*

4. *Structure*

To implement power and functions assigned to it under Article 3 of this Proclamation, the 'Caffee' shall have its:

(a) Speaker;
(b) Deputy Speaker;
(c) Coordination Committee;
(d) Standing Committee;
(e) Ad hoc Committee;
(f) Professionals and other staffs.

5. *The Nomination of the Speaker and Deputy Speaker*

1) The 'Caffee' shall have its Speaker and Deputy Speaker in accordance with Article 49(3) (d) of the Constitution.

2) The Speaker and Deputy Speaker shall be nominated pusuant to Article 50 (2) of the Constitution.

6. *Powers and Duties of the 'Caffee' Speaker*

The speaker shall have the power and duties to:

1) call the ordinary and extra-ordinary session of the 'Caffee';

2) in collaboration with an appropriate bodies, prepare agendas and notify the members earlier to the session;

3) receive the drafting laws submitted by different government bodies and direct same to the appropriate committee;

4) Wixineen seera yookiin gabaasni qaamota mootummaa irraa dhiyaatu akkuma barbaachisummaa isaatti dursee miseensota Caffee qaqqabuu isaa ni mirkaneeffata.
5) Akkuma barbaachisummaa isaatti dhimma tokko irratti erga mari'ateen booda ijjannoo Caffeen qabate ifa godha; sagalees itti kennisiisa.
6) Miseensota Caffee mirga addaa qaban akka irraa ka'u murtaa'e qaama ilaalutti ni beeksisa.
7) Miseensota Caffee sababa adda addaatiin hir'atan qaama dhimmi ilaalu wajjin dubbatee akkaataa filannoon bakka buusuudhaa itti gaggeeffamu ni mijeessa.
8) Murteewwan, ajajootaa fi qajeelfamoota Caffeen kennaman qaamota, abbootii taayitaa yookiin namoota dhimmi laaluuf ni dabarsa.
9) Baajata hojiif barbaachisu Caffeetti dhiyeessee ni raggaasisa ni bulcha.
10) Caasaa waajjirichaa qopheessee hojiirra ni oolcha; hojjataa ni qaxara; ni bulcha.
11) Caffee bakka bu'uudhaan qunnamtiiwwan barbaachisaa ni godha; keessummoota Caffichaa ofitti fuudha; akkaataa itti keessummaayan irrattis qajeelfama ni kenna.
12) Abbootiin taayitaa, hoogganoonni hojii yookiin namoonni hubachiisummaaf barbaadaman walgahii Caffee irratti akka argaman ni taasisa.
13) Af-yaa'iiwwan Mana Marii Aanaa fi Gandaa deeggarsa teekniikaa akka argatan ni taasisa.
14) Komishiinii Hiiktuu Heera Mootummaa ni gurmeessa; deeggarsas ni kenna.
15) Manneen Marii Aanaa fi Gandaa wajjin qunnamtii hojii jiraachuu qabuuf ijaarsa barbaachisaa qoratee hojiirra ni oolcha.
16) Hojiilee Caffeen kennamaniif kan biroos ni raawwata.

፬· ከመንግሥት አካላት የሚቀርቡ የሕግ ረቂቅ ወይም ሪፖርት እንዳስፈላጊነቱ አስቀድሞ ለጨፌ አባላት መድረሱን ያረጋግጣል።
፭· በአንድ ጉዳይ ላይ ከተወያየ በኋላ ጨፌ የያዘውን አቋም እንዳስፈላጊነቱ ይፋ ያደርጋል፤ ድምፅም ያሰጥበታል።
፮· ያላቸውን ልዩ መብት እንዲያጡ የተወሰነባቸውን የጨፌ አባላት ለሚመለከተው አካል ያሳውቃል።
፯· ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመነጋገር በተለያዩ ምክንያቶች የተጓደሉ የጨፌ አባላትን ለማሟላት የማሟያ ምርጫ የሚካሄድበትን ሁኔታ ያመቻቻል።
፰· በጨፌው የሚተላለፉ ውሳኔዎች ፣ ትእዛዞችና መመሪያዎች ጉዳዩ ለሚመለከታቸው አካላት፣ ባለሥልጣናት ወይም ግለሰቦች ያስተላልፋል።
፱· ለሥራው የሚያስፈልገውን በጀት ለጨፌ አቅርቦ ያስፀድቃል፣ ያስተዳድራል።
፲· የጽሕፈት ቤቱን መዋቅር አዘጋጅቶ ሥራ ላይ ያውላል፣ ሠራተኛ ይቀጥራል፣ ያስተዳድራል።
፲፩· ጨፌውን በመወከል አስፈላጊ የሥራ ግንኙነቶችን ያደርጋል፣ የጨፌን እንግዶች ይቀበላል ፣ ስለ መስተንግዶአቸውም አስፈላጊውን መመሪያ ይሰጣል።
፲፪· ባለሥልጣኖችና የሥራ ኃላፊዎች ወይም ለአስረጂነት የሚፈለጉ ሰዎች በጨፌ ስብሰባ ላይ እንዲገኙ ያደርጋል።
፲፫· የወረዳና የቀበሌ ምክር ቤቶች የቴክኒክ ድጋፍ እንዲያገኙ ያደርጋል።
፲፬· የሕገ–መንግሥት ተርጓሚ ጉባኤን ያደራጃል፣ ድጋፍም ይሰጣል።
፲፭· ከወረዳና ከቀበሌ ምክር ቤቶች ጋር ለሚኖረው ግንኙነት አስፈላጊ የሆነ አደረጃጀት አጥንቶ ሥራ ላይ ያውላል።
፲፮· በጨፌ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ያከናውናል።

4) ensure whether the draft lwas or reports from government organs reaches the 'Caffee' members earlier to the session as necessary;
5) make official and be voted up on the stand, after having sufficiently deliberated on, taken by the 'Caffee' on the matters brought before it for discussion,
6) notify the appropriate body, where the removal of the immunity of the members is decided;
7) in consultation with an appropriate organ, arrange the by election to replace the people's deputies reduced for various reasons;
8) direct the decisions, order and directives of the ''Caffee'' to the appropriate organ.
9) submit its budget to the 'Caffee' and administer it upon approval;
10) prepare and implement the structure of the office; hire and administer the employees;
11) by representing 'Caffee', make the necessary relations with the 3rd parties; welcome the guests of the 'Caffee' and give directive regarding cordial reception.
12) make government authorities, office managers or elaborators to attend the 'Caffee's' session;
13) make the District and Kebele Councils to get the necessary technical assistance;
14) Organize and give support to the Constitutional Interpretation Commission;
15) study and implement the relationship that would exist with the District and Kebele Councils.
16) carry out other duties assigned to him by the 'Caffee'.

7. *Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Af-yaa'ichaa*

Itti Aanaa Af-yaa'iin aangoo fi hojii kanatti aanan ni qabaata;

1) Yemmuu Af-yaa'ichi hin jirre bakka bu'ee ni hojjata;
2) Af-yaa'ichi ijjannoo qabatee marii Caffichaa keessatti hirmaatee mari'achuu yemmuu barbaadu walgahicha ni gaggeessa;
3) Hojiilee Caffeen yookiin Af-yaa'ichaan kennamaniif kanneen biroos ni raawwata.

8. *Waa'ee Koree Qindeessituu*

1. Koree Qindeessituun;
   (a) Af-yaa'icha, Itti Aanaa Af-yaa'icha, walitti qabaa fi barreessaa koreewwan dhaabbii miseensummaan kan of keessatti qabatee dha.
   (b) Kan gaggeefamu Af-yaa'ichaan yoo ta'u barreessaa of gid-duudhaa fila.
2) Korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Akkaataa adeemsa hojii Caffichaa yeroodhuma yeroodhaan ni to'ata;
   (b) Akkaataa adeemsa hojii barbaachisaa karoorsuudhaan koree dhimmi ilaaluuf qajeelfaman ni kenna;
   (c) Koree kanaan akka ilaalaman dhimmoota Af-yaa'ichaan itti amaname yookiin miseensota koree dhaabbataatiin murtaa'an irratti ni mari'ata; qajeelfama barbaachisaas ni kenna.
3) Akkaataan hojii Koree Dhaabbataan akka hordofaman Labsii kana Keewwata 13 jalatti ibsaman, akkuma haala hojichaatiin Koree Qindeessituudhaanis kan hordofamanu ta'a.

9. *Waa'ee Koree Dhaabbataa*

1. Caffeen koreewwan armaan gadii dhaabbiidhaan ni qabaata:
   (a) Koree Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa;
   (b) Koree Dhimma Diinagdee, Baajataa fi Faayinaansii;

፯· <u>የምክትል አፈ–ጉባኤው ሥልጣንና ተግባር</u>

ምክትል አፈ–ጉባኤው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባሮች ይኖሩታል፡–

፩· አፈ–ጉባኤው በማይኖርበት ጊዜ ተክቶት ይሠራል

፪· አፈ–ጉባኤው አቋም ይዞ በጨፌው ስብሰባ ላይ በተሰብሳቢነት ለመሳተፍ በሚመርጥበት ጊዜ ስብሰባውን ይመራል፤

፫· በጨፌ ወይም በአፈ–ጉባኤው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባሮች ያከናውናል።

፰· <u>ስለ አስተባባሪ ኮሚቴ</u>

፩· አስተባባሪ ኮሚቴ፡–
   ሀ) አፈ–ጉባኤው፣ ምክትል አፈ–ጉባኤው፣ የቋሚ ኮሚቴ ሰብሳቢና ፀሐፊ በአባልነት የሚገኙበት ነው፤
   ለ) የሚመራው በአፈ–ጉባኤው ሲሆን የራሱን ፀሐፊ ከአባላቱ መካከል ይመርጣል።

፪) ኮሚቴው የሚከተሉት ሥልጣንና ኃላፊነት ይኖሩታል፡–
   ሀ) የጨፌውን ሥራ አካሄድ በየጊዜው ይገመግማል፤
   ለ) አስፈላጊውን የሥራ አካሄድ ስልት በመቀየስ ጉዳዩ ለሚመለከተው ኮሚቴ ያስተላልፋል፤
   ሐ) በኮሚቴው እንዲታዩ በአፈ–ጉባኤው በታመነባቸው ወይም በቋሚ ኮሚቴ በተወሰኑ ጉዳዮች ላይ ይወያያል፤ አስፈላጊውን መመሪያም ይሰጣል፤

፫· ቋሚ ኮሚቴው እንዲመራባቸው በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፲፫ የተመለከቱት የአሠራር ሁኔታዎች እንደ ነገሩ ሁኔታ ለአስተባባሪ ኮሚቴውም ተፈፃሚ ይሆናሉ።

፱· <u>ስለ ቋሚ ኮሚቴ</u>

፩· ጨፌ ከዚህ በታች የተመለከቱትን ኮሚቴዎች በቋሚነት ይኖረዋል።
   ሀ) የአስተዳደርና የሕግ ጉዳይ ኮሚቴ፤
   ለ) የኢኮኖሚ ፣ የበጀትና ፋይናንስ ጉዳይ ኮሚቴ።

7. *Powers and Duties of the Deputy Speaker*

The Deputy Speaker shall:

1) serve in the Speaker's stead, while he is absent;
2) preside the 'Caffee' meeting where the Speaker, by taking his own stand, decides to participate in a discussion.
3) carry out other duties as assigned to him by the 'caffee' or the Speaker.

8. *Coordination Committee*

1) Coordination Committee shall:
   (a) comprise the Speaker, Deputy Speaker, Chairman and Secretary of the Standing Committees;
   (b) be presided by the Speaker and have its own Secretary elected from among the members.
2) The Committee shall have the powers and duties to:
   (a) examine, periodically, the working procedure of the 'Caffee';
   (b) plan the necessary activities and give directives to an appropriate committee regarding their implementation;
   (c) discuss and decide up on the matters assigned to it by the Speaker or members of Standing Committee; and give the necessary directives.
3) The working manner stipulated under Article 13 of this Proclamation shall be followed by the Coordination Committee, as necessary.

9. *Standing Committee*

1) The 'Caffee' shall have the following Standing Committees:
   (a) The Administration and Legal Affairs Committee;
   (b) The Economy, Budget and Finance Affairs Committee;

(c) Koree Gamtaawina Uummataa fi Dhimma Hawwaasummaa.

2) Tokkoon tokkoon koree, Caffeedhaan kan filataman miseensota hanga kudha afurii qabaachuu ni danda'a.

3) Koreen hundumtuu walitti qabaa fi barreessaa ofii filaachuudhaan Caffeetti dhiyeessanii raggaasifatu.

4) Miseensi Caffee tokko, al tokkotti, koree tokko ol keessatti miseensa ta'uu hin danda'u.

5) Itti yaamamni koreewwanii Caffeedhaaf ta'a.

6) Itti yaamamni walitti qabaa fi barreessaa korichaa Af-yaa'ichaa fi koree miseensa itti ta'eef ta'a.

10. *Angoo fi Hojii Koree Dhaabbataa*

1) Koree dhaabbataan Caffee aangoo fi hojii waliinii armaan gadii ni qabaatu:

(a) Akkaataa Labsii kana Keewwata 41 (5) tiin wixinee seeraa qajeelfamaniif qorachuudhaan yaada murtii Caffeef ni dhiyeessu;

(b) Raawwii hojii qaamota mootummaa isaaniif ramadamanii ni hordofu; ni qoratu;

(c) Dhimmoota seerri bahuufii qaba jedhan irratti seera ni burqisiisuu; yookiin qaama dhimmi ilaaluun akka burqisiisamu ni taasisu;

(d) Karaa adda addaatiin iyyattoota dhiyaatanii fi qajeelfamaniif ni keessumsiisu;

(e) Kaayyoo koree isaanii wajjiin kan deeman raawwii tarsiimoo fi sagantaa mootummaa naannichaa ni hordofu; akkuma barbaachisummaa isaattis caasaa fi tooftaa raawwii fooyyaa'aan ni karoorsu;

(f) Waltajjiiwwan addaa addaa qopheessuudhaan hubannaa fooyya'aan akka uumamuu fi muuxannoon akka wal geeddaramu ni taasisu;

ሐ) የሕዝብ አደረጃጀትና የማ ህበራዊ ጉዳይ ኮሚቴ።

፪· እያንዳንዱ ኮሚቴ በጨፌ የሚመረጡ እስከ አሥራ አራት የሚሆኑ አባላት ሊኖሩት ይችላል።

፫· እያንዳንዱ ኮሚቴ ከአባላቱ መካከል ሰብሳቢና ፀሐፊ በመምረጥ ለጨፌ አቅርቦ ያስፀድቃል።

፬· አንድ የጨፌ አባል በአንድ ጊዜ ከአንድ ኮሚቴ በላይ አባል መሆን አይችልም ።

፭· የኮሚቴዎቹ ተጠሪነት ለጨፌ ይሆናል።

፮· የሰብሳቢና የፀሐፊው ተጠሪነት ለአፈ–ጉባኤውና አባል ለሆኑበት ኮሚቴ ይሆናል።

፲· የኮሚቴው ሥልጣንና ተግባር

፩· የጨፌ ቋሚ ኮሚቴዎች የሚከተሉት የወል ሥልጣንና ተግባሮች ይኖራቸዋል ፦

ሀ) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፵፩(፭) መሠረት የተመራላቸውን የሕግ ረቂቅ በመመርመር የውሳኔ ሃሳብ ለጨፌ ያቀርባሉ፤

ለ) የተመደቡላቸውን የመንግሥት አካላት የሥራ አፈጻጸም ይከታተላሉ፣ ይቆጣጠራሉ፤

ሐ) ሕግ ሊወጣላቸው ይገባል ብለው ባመኑበት ጉዳይ ላይ የሕግ ሃሳብ ያመነጫሉ ወይም እንዲመነጭ ያደርጋሉ፤

መ) በተለያዩ መንገዶች የሚቀርቡላቸውን ወይም የሚመሩላቸውን አቤቱታዎች ያስተናግዳሉ፤

ሠ) እያንዳንዱ ኮሚቴ ከተቋቋመበት ዓላማ ጋር የሚሄዱ የክልሉን መንግሥት ስትራቴጂና ዕቅድ አፈጻጸም ይከታተላሉ፤ እንደአስፈላጊነቱ የተሻለ መዋቅርና አፈጻጸም ይቀይሳሉ።

ረ) የተለያዩ መድረኮችን በማዘጋጀት የተሻለ ግንዛቤ እንዲፈጠርና የልምድ ልውውጥ እንዲኖር ያደርጋሉ፤

(c) The People's Organization and Social Affairs Committee.

2) Each Committee may have up to 14 members whom elected by the 'Caffee'.

3) Each Committee shall elect its Chairman and Secretary approved by the 'Caffee'.

4) No Deputy shall be a member to more than one Committee.

5) The Committees shall be accountable to the 'Caffee'.

6) The Chairman and Secretary of each Committee shall be accountable to their respective Committee and the Speaker.

10. *The Powers and Duties of the Standing Committees*

1) The 'Caffee's' Standing Committees shall have the powers and duties to:

(a) submit proposal after investigating the draft laws directed to it pursuant to Article 41 (5) of this Proclamation;

(b) follow up the performance of the activities of government organs assigned to them;

(c) initiate laws themselves or take initiative to be submitted by an appropriate organs on matters they believe that laws should be promulgated for.

(d) to receive and respond on complaints brought to them.

(e) follow up the implementation of government strategies and plans relevant to their objectives; and initiate a better structure and methodology.

(f) facilitate for better understanding and exchange of experience by arranging different forums of discussion.

(g) Hojiilee Caffichaan yookiin Af-yaa'ichaan kennamaniif kanneen biroos ni raawwatu;

2) Aangoon waliigalaa Keewwata xiqqaa kana (1) jalatti ibsame akkuma eegametti ta'ee, ɩokko tokkoon koree, aangoo fi hojii isaa tarreefamaan baafatee Caffeetti dhiyeessee raggaasisuudhaan hojjirra oolchuu ni danda'a.

11. *Angoo fi Hojii Hooggantoota Koree*

1. Aangoo fi hojii walitti qabaa;
   (a) Koree bakka bu'uudhaan garee sadaffaa wajjiin wal qunnama;
   (b) Koree ni hooggana; hojii korichaas ni qindeessa; walgahii korichaas ni gaggeessa;
   (c) Akkuma barbaachisaa ta'eetti miseensota korichaa yeroo walgahii idileen alattis yaamuu ni danda'a;
   (d) Walgahii korichaa irratti keessummoonni dhimmi ilaalu akka argaman haala ni mijeessa;
   (e) Waa'ee hojii koree isaa ilaalchisee akkuma haala dhimmichaatiin Af-yaa'ichaaf yookiin Caffeef gabaasa ni dhiyeessa.
2. Aangoo fi Hojii Barreessa;
   (a) Yammuu walitti qabaan hin argamne bakka bu'eeti hojjata;
   (b) Qaboon yaa'ii fi sanadoonni koree kan biraanis sirnaan qabamuu isaanii ni mirkaneessa;
   (c) Hojiilee biroo Ɗurataa'aa yookiin koreedhaan kennamanuuf ni raawwata.

3) Hooggantoonni koree sochii hojii isaanii beekkumsa miseensota koree isaaniitiin gaggeessuu qabu;

12. *Dirqama Miseensotaa*

1) Miseensi koree dirqama muummeeyyii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Walgahii koree irraa sababa gahaa malee hafuu dhabuu;

ሰ) በጨፌ ወይም በአፈ–ጉባኤው የሚሰጡአቸውን ሌሎች ተግባሮች ያከናውናሉ።

፪· ከዚህ በላይ በንዑስ አንቀጽ (፩) ሥር የተመለከቱት ተግባሮች እንደተጠበቁ ሆነው እያንዳንዱ ኮሚቴ ሥልጣኑንና ተግባሩን በዝርዝር አዘጋጅቶና ለጨፌ አቅርቦ በማስጸደቅ ሥራ ላይ ሊያውለው ይችላል።

፲፩· <u>የኮሚቴው አመራር ሥልጣንና ተግባር</u>

፩· የሰብሳቢው ሥልጣንና ተግባር፦
   ሀ) ኮሚቴውን በመወከል ከሦስተኛ ወገኖች ጋር ይገናኛል፤
   ለ) ኮሚቴውን ይመራል፤ የኮሚቴውን ሥራ ያቀናጃል፤ ስብሰባውንም ይመራል፤
   ሐ) እንደአስፈላጊነቱ የኮሚቴውን አባላት ከመደበኛ የስብሰባ ጊዜ ውጭም ሊጠራቸው ይችላል፤
   መ) በኮሚቴው ስብሰባ ላይ ጉዳዩ የሚመለከታቸው እንግዶች የሚገኙበትን ሁኔታ ያመቻቻል፤
   ሠ) የኮሚቴውን ሥራ አስመልክቶ እንደሁኔታው ለአፈ–ጉባኤው ወይም ለምክር ቤቱ ሪፖርት ያቀርባል።

፪· የፀሐፊው ሥልጣንና ተግባር፦
   ሀ) ሰብሳቢው በማይኖርበት ጊዜ ተተክቶ ይሰራል፤
   ለ) ቃለ–ጉባኤና ሌሎች የኮሚቴው ሰነዶች በአግባቡ መያዛቸውን ያረጋግጣል፤
   ሐ) በሰብሳቢው ወይም በኮሚቴው የሚሰጡትን ሌሎች ተግባሮች ያከናውናል።

፫· የኮሚቴ አመራር የሥራ እንቅስቃሴያቸውን በአባሎቻቸው ዕውቅና ሊመሩ ይገባል።

፲፪· <u>የአባላት ግዴታ</u>

፩· ማናቸውም የኮሚቴ አባል የሚከተሉት አብይ ግዴታዎች ይኖሩታል፦
   ሀ) ከየትኛውም የኮሚቴ ስብሰባ ላይ ያለ በቂ ምክንያት አለመቅረት፤

(g) carry out other duties assigned to them by the 'Caffee' or the Speaker.

2) Without prejudice to the power and duties specified under sub-Article (1) of this Article, each Committee, may prepare the details of its power and implement same, having approved by the 'Caffee'.

11. *Powers and duties of the Committee Leaders*

1) The Ad hoc shall:
   (a) by representing the Committee, make the necessary relations with the 3rd parties;
   (b) guide and coordinate activities of the Committee; preside its meeting;
   (c) call the extra-ordinary meetings of the Committee as necessary;
   (d) make the necessary arrangement for other guests to participate on the Committee's meetings.
   (e) submit reports to the Speaker or 'Caffee' as the case may be, regarding the activities of the Committee.

2) The Secretary shall:
   (a) serve in the Chairman's stead, while he is absent;
   (b) ensure the proper handling of minutes and other documents of the Committee;
   (c) carry out other duties as assigned to him by the Chairman or Committee.

3) The leaders of the Committees shall carry out all their activities with full knolwledge of their Committee members.

12. *Duties of Members*

1) Every member of the Standing Committee shall have the principal duties:
   (a) not to be absent from the Committees meetings if not for good cause;

(b) Hojii kennameef hordofuu fi daangaa yeroo kennameefii keessatti xumuruu;

(c) Waa'ee dhimma koricha bakka bu'uudhaan raawwatanii gabaasa qaama bakka buuseef dhiyeessuu;

(d) Hojii kamiyyuu haala naamusummaa fi kabajaa Caffee eeguun raawwachuu.

2) Miseensi kamiyyuu hojii hojjatuu fi murtii murteessuu irratti itti gaafatama walii fi addaa ni qabaata.

13. *Akkaataa Hojii Waliigalaa Koree Dhaabbataa*

Koree dhaabbataan kamiyyuu akkaata hojii armaan gaditti ibsame hordofuudhaan hojii isaa raawwata;

1) Caffeerraayis ta'ee Afyaa'icharraa yammuu wixineen seeraa qajeelfamuuf dubbisa duraatiin booda akkuma haala dhimmichaatiin;

(a) Beeksisa baasuudhaan;

(b) Qaama hubachiisuu fi qaamota dhimmi ilaalu affeeruudhaan yookiin;

(c) Waltajjii hawaasni yookiin kutaan hawaasaa dhimmi ilaalu itti hirmaatuu fi yaada itti kennuu qopheessuudhaan yaada murtii ni dhiyeessa.

2. Hojiin qaamota mootummaa too'achuu fi hordofuu kan raawwatamu;

(a) Manneen hojii hordofan irraa karooraa fi gabaasa raawwii argachuudhaan;

(b) Walgahii fi konfiraansota hojii qaamota isaan too'atanii ilalchisee gaggeeffamanuurratti hirmaachuudhaan;

(c) Akkuma barbaachisummaa isaatti qaamota dhimmi ilaalu yaamanii dubbisuudhaan;

(d) Qaamaan argamanii daawwannaa hojii gochuudhaan;

(e) Yaada eeruu yookiin iyyata kutaa hawaasaa adda addarraa dhiyaatuuf ka'umsa godhachuudhaan taha.

ለ) የሚሰጡትን ሥራዎች የመከታተልና በተሰጠው የጊዜ ገደብ የማጠናቀቅ፣

ሐ) ኮሚቴውን በመወከል ስለተከናወኑት ተግባራት ለወከለው አካል ሪፖርት ነማቅረብ፤

መ) ማናቸውንም ተግባር ሥነ ምግባርና የጨፌን ክብር በጠበቀ ሁኔታ የማከናወን፤

፪) እያንዳንዱ የኮሚቴ አባል ለሚያከናውናቸው ተግባራትና ለሚወስናቸው ውሳኔዎች የጋራና የተናጠል ኃላፊነት አለበት።

፲፫· <u>የቋሚ ኮሚቴዎች አጠቃላይ አሠራር</u>

ማናቸውም ኮሚቴ ከዚህ በታች የተመለከቱትን የአሠራር ሁኔታዎች በመከተል ተግባሩን ያከናውናል።

፩· ከጨፌውም ሆነ ከአፈ–ጉባኤው የሕግ ረቂቅ ሲመራለት ከመጀመሪያው ንባብ በኋላ እንደ ነገሩ ሁኔታ፡–

ሀ) ማስታወቂያ በማውጣት፣

ለ) አስረጅ ወይም ጉዳዩ የሚመለከተውን አካል በመጋበዝ፤

ሐ) ኅብረተሰቡ ወይም ጉዳዩ የሚመለከተው የኅብረተሰብ ክፍል የሚሳተፍበትንና ሃሳብ የሚሰጥበትን መድረክ በማዘጋጀት የውሳኔ ሃሳብ ያቀርባል።

፪· የመንግሥት አካላት የሥራ አፈፃፀም የመቆጣጠሩና የመከታተሉ ተግባር የሚፈፀመው፡–

ሀ) ከሚከታተሏቸው የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ዕቅዳቸውንና የሥራ ሪፖርታቸውን በማግኘት ፣

ለ) በስሩ የሚተዳደሩ አካላትን አስመልክቶ በተዘጋጁ ስብሰባዎችና ኮንፈራንሶች ላይ በመሳተፍ ፤

ሐ) እንዳስፈላጊነቱ ጉዳዩ የሚመለከታቸውን አካላት ጠርቶ በማነጋገር፣

መ) በአካል ተገኝቶ የሥራ ጉብኝት በማድረግ ፤

ሠ) ከተለያዩ የኅብረተሰብ ክፍሎች የሚቀርቡለትን አስተያየቶች፣ ጥቆማዎች ወይም አቤቱታዎች መነሻ በማድረግ ይሆናል።

(b) to follow up properly and complete the duties assigned to him within the given time limit.

(c) to submit report to organ assigned him about activities carried out on behalf of the Committee.

(d) to perform any activities in good manner and by giving due respect for the caffee.

2) Every member is responsible individually and collectively for activities he is carrying out or decision he is making.

13. *General Working Procedure of the Standing Committee*

Every Standing Committee shall carry out its duties in accordance with the following procedure:

1) Upon a draft legislation being referred to it by the 'Caffee' or Speaker, the Committee, before the primary reading, shall, as the case may be:

(a) publicize,

(b) invite elaborators and other relevant bodies; or

(c) arrange a forum where by all the concerned society or section of the society vice-over it; and

(d) submit a report consisting of its investigation and decision on the matter.

2. The Committee shall discharge its duties of over sighting the activities of government organs either by:

(a) getting plans and activity reports from the concerned organs:

(b) participating on meetings and forums deal with the activities of the government organs assigned to it by this Proclamation;

(c) calling and discussing with the relevant organs as necessary;

(d) arranging physical visit; or

(e) using opinions, suggestions or complaints from the public as a base

3. Hojii kamiyyuu irratti koree dhaabbataa kanneen biroo wajjiinis walta'iinsaan ni hojjata.
4. Hojii ofii haalaan bahuuf karooraan qajjelfama; yeroo murtaa'e keessatti raawwii hojii ofii ni gamaaggama.

14. *Sirna Walgahii Koree*

1) Haala adda ta'een yoo murtaa'e malee koreen kamiyyuu iddoof yeroo murteessuudhaan walgahii idilee isaa ni qabaata.
2) Akkaataa adeemsa walgahii fi sirna murteen itti kennamu ilaalchisuudhaan kan Labsii kana keessatti Caffeef tumame, akkuma haala dhimmichaatiin, koreedhaafis kan raawwatamu ta'a.

15. *Waa'ee Koree Dhaabbataa Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa*

1) Kaayyoon bu'uuraa Koree Dhaabbataa Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa qaamonni seeraa, fi bulchiinsa mootummaa naannichaa akkaataa Heera Mootummaa irra taa'een gurmaawuu fi aango fi hojii isaanii kenname hojiirra oolchuu isaanii hordofuudhaan rakkinoota adeemsa kana keessatti uumaman qixa itti maqfaman karoorsuu ta'a.
2) Aangoo fi hojiin waliigala Labsii kana Keewwata 7 irratti tumame akkuma eegametti ta'ee, kaayyoo isaa hojiirra oolchuudhaaf korichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa heera mootummaatiin mirkanaawan hojiirra ooluu isaanii;
   (b) Sirnaa fi adeemsi filannoo dimokraatawaa diriiruu fi hojiirra ooluu isaa;
   (c) Hawaasichi sirna abbaa seerummaa bilisa ta'etti fayyadamaa ta'uu fi seeraa fi sirni kabajamuu isaa;

፫· በማናቸውም ተግባር ላይ ከሌሎች ቋሚ ኮሚቴዎች ጋር በመተባበር ይሠራል።
፬· ሥራውን በአግባቡ ለመወጣት በዕቅድ ይመራል፣ በተወሰነ ጊዜ ውስጥም የሥራ አፈፃፀሙን ይገመግማል።

፲፬· <u>የኮሚቴው የስብሰባ ሥነ–ሥርዓት</u>

፩· በተለየ ሁኔታ ካልተወሰነ በስተቀር ማናቸውም ኮሚቴ ጊዜና ቦታን በመወሰን የራሱ መደበኛ ስብሰባ ይኖረዋል።
፪· የስብሰባ አካሄድና የውሳኔ አሰጣጥ ሥነ–ሥርዓትን አስመልክቶ በዚህ አዋጅ ለጨፌ የተደነገገው እንደአግባብነቱ ለኮሚቴም ተፈጻሚ ይሆናል።

፲፭· <u>ስለ አስተዳደርና የሕግ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ</u>

፩· የአስተዳደርና የሕግ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ መሠረታዊ ዓላማ የክልሉ የአስተዳደርና የፍትህ አካላት አደረጃጀት በሕገ–መንግሥቱ የተመለከተውን አቅጣጫ የተከተለ መሆኑና ሥልጣንና ተግባራቸውንም በአግባቡ ሥራ ላይ ማዋላቸውን በመከታተል በሂደት ያጋጠሙትን ችግሮች በመመርመር የሚወገዱበትን አቅጣጫ መቀየስ ይሆናል።
፪· በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፯ የተመለከቱት የወል ሥልጣንና ተግባሮች እንደተጠበቁ ሆነው ዓላማውን ለማሳካት ኮሚቴው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባሮች ይኖሩታል፦
   ሀ) በሕገ–መንግሥቱ የተረጋገጡ መሠረታዊ መብቶችና ነፃነቶች መከበራቸውን፣
   ለ) የዲሞክራሲያዊ ምርጫ ሥርዓትና ሂደት መዘርጋቱንና ሥራ ላይ መዋሉን፣
   ሐ) ሕብረተሰቡ ነፃ የዳኝነት ሥርዓት ተጠቃሚ መሆኑን ሕግና ሥርዓት መከበሩን፣

3) Every Committee shall collaborate with others.
4) Every Committee shall have its working plan; and evaluate its performance periodically.

14. *Meeting Procedure*

1) Unless specifically decided other wise, every Committee shall have its own regular meeting.
2) The meeting procedure of 'Caffee' stipulated in this Proclamation shall apply to the Committees as necessary.

15. *Administration and Legal Affairs Standing Committee*

1) The main objective of the Committee shall be, by following and examining up whether the administrative and legal bodies of the government organize themselves and discharge their duties as stipulated in the Constitution, identifying the problems and initiating the directions how they would be tackled out.
2) Without prejudice to powers and duties specified under Article 7 of this Proclamation, the Committee shall, to achieve its goals, have the powers and duties to follow up and examine whether:
   (a) the freedoms and basic rights guaranteed by the Constitution have been observed;
   (b) procedure and manner for democratic election has been stretched and implemented;
   (c) the society has been utilizing an independent courts, and the law and rule has been observed;

(d) Seeronni hojiirra jiran Heera Mootummaa fi sirna dimokraasii hordofnu wajjin kan wal simatan ta'uu isaanii;

(e) Dhimoonni seerri bahuufii qabu kan jiran ta'uu fi seeronni bahanis qixa barbaadameen hojjirra ooluu isaanii;

(f) Naannicha keessatti nageenyi amansiisaan mirkanaa'uu isaa ni hordofa, ni qorata.

3) Wixinee seeraa Af-yaa'ichaan koree dhaabbataa kamittuu qajeelfamuu qabiyyee seerummaa isaa ni qorata.

4) Mirgi addaa miseensota Caffeetiif Heeraa fi seeraan kenname akka ka'u ennaa gaaffiin dhiyaatus qoratee yaada murtii Caffeedhaaf ni dhiyeessa.

5) Koreen Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa raawwii hojii qaamota armaan gadii ni qorata;

(a) Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa;

(b) Waajjira Muummicha Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa;

(c) Qaama Abbaa Seerummaa naannichaa; fi

(d) Qaamota mootummaa waajjira Keewwata xiqqaa kana (b) irratti caqasameef itti yaamamaa ta'an.

6) Korichi, bu'uura Labsii kanaatiin akkaataa raawwii hojii qaamota mootummaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (6) jalatti ilaalamanii yoo too'atu, yaada bu'uuraa qoodama aangoo mootummaa, keessumaayyuu bilisummaa qaama abbaa seerummaa, haala hin dhiibnee fi hin faalleessineen ta'uu qaba.

16. *Koree Dhaabbataa Dhimma Diinagdee, Baajataa fi Faaynaansii*

1) Kaayyoon bu'uura Koree Dhaabbataa Dhimma Diinagdee, Baajata fi Faayinaansii, tarsiimoo misooma qonnaaf baadiyyaa giddu galeessa godhachuudhaan guddina ariifachiisaa fiduudhaa galmaan gahuuf imaammatoota, sagantaalee fi karoorawwan bahan akkaataa barbaadameen hojiirra ooluu isaanii fi baajanni mootumman ramadus seeraa fi sirni faayinaansii eegamee tajaajila barbaadame qofaaf ooluu isaa hordofuudha.

መ) በሥራ ላይ ያሉት ሕጎች ከሕገ–መንግሥቱና ከምንከተለው ዲሞክራሲያዊ ሥርዓት ጋር መጣጣማቸውን፣

ሠ) አዲስ ሕግ ሊወጣላቸው የሚገባ ጉዳዮች መኖራቸውንና የወጡትም በትክክል ሥራ ላይ መዋላቸውን ይከታተላል፣ ይመረምራል።

ረ) በክልሉ ውስጥ ሰላምና ፀጥታ መረጋገጣቸውን ይከታተላል ፣ ይመረምራል።

፫· ለማንኛውም ቋሚ ኮሚቴ የሚመሩ የሕግ ረቂቆችን ሕጋዊ ይዘት ይመረምራል።

፬· በሕገ–መንግሥቱና ሌሎች ሕጎች ለጨፌ አባላት የተሰጡ ልዩ መብቶች እንዲነሱ ጥያቄ ሲቀርብ አጣርቶ የውሳኔ ሀሳብ ለጨፌ ያቀርባል።

፭· የሚከተሉትን የመንግሥት አካላት የሥራ አፈፃፀም ይመረምራል፡–

ሀ) የክልሉን መስተዳድር ምክር ቤት፣

ለ) የአስተዳደርና ፍትህ ጉዳይ ጠቅላይ ጽ/ቤት፣

ሐ) የክልሉን የዳኝነት አካል እና

መ) በዚህ ንዑስ አንቀጽ ፫ (ለ) ለተመለከተው መሥሪያ ቤት ተጠሪ የሆኑ የመንግሥት አካላት።

፮· ኮሚቴው በዚህ አዋጅ መሠረት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፭ የተመለከቱ የመንግሥት አካላትን የሥራ አፈጻጸም ሲቆጣጠር ፣ ከመንግሥት አካላት የሥልጣን ክፍፍል መሠረታዊ መርህ በተለይም ከዳኝነት አካል ነፃነት ጋር በማይጋፋና በማይጋጭ አኳኋን መሆን ይኖርበታል።

፲፮· <u>የኢኮኖሚ ፣ የበጀትና የፋይናንስ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ</u>

፩· የኢኮኖሚ ፣ የበጀትና የፋይናንስ ጉዳይ ቋሚ ኮሚቴ መሠረታዊ ዓላማ ግብርናና ገጠርን ማዕከል በማድረግ አፋጣኝ ዕድገት ለማምጣትና የልማት ስትራቴጂን ለማሳካት የወጡት ፖሊሲዎች፣ ፕሮግራሞችና ዕቅዶች በታለመው መሠረት ሥራ ላይ መዋላቸውንና በመንግሥት የሚመደበው በጀትም የፋይናንስ ሕግና ሥርዓት ተጠብቆ ለታቀደው አገልግሎት ብቻ መዋሉን መከታተል ነው።

(d) the existing laws are in harmony with the constitution and democratic system we are guided with;

(e) there are matters that laws shall be promulgated for and the existing laws have been properly implemented;

(f) Peace and security of the public has been guaranteed.

3) The Committee shall examine the legal content of a draft legislation referred to any Committee.

4) Examine and submit proposal where the removal of the immunity of 'Caffee's member is requested.

5) The Committee shall follow up and examine the activities of the following Government organs:

(a) The Administrative Council of the Regional State;

(b) The Supreme office of the Administrative and Legal Affairs;

(c) The judiciary of the Regional State; and

